Mufarridoonni darban

Abuu Hureyraa irraa odeeffamee -Rabbiin irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- karaa Makkaa irra deemaa osoo jiranuu, gaara tokko kan Jumdaan isaan jedhamu bira darbanii, Akkana jedhani: «Deemaa, kuni Jumdaanii, Mufarridoonni darban» ni jedhan (sahaabonni): Mufarridoota jechuun maal jechuudha yaa Ergamaa Rabbii? Akkas jedhan: «Isaan dhiirotaa fi dubartoota yeroo baay’ee Rabbiin zakkarani».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- sadarkaa namoota yeroo baay’ee Rabbiin zakkaranii ibsani, akkasumas isaan dhugumatti akka adda ta’anii fi jannata qananii keessatti sadarkaalee ol aanoo argachuun namoota biroo akka dursan ibsanii, gaarreen biroo irraa adda kan ta'e gaara Jumdaanitti isaan fakkeessan.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3719